# Gadadoo - Baqattoota Oromoo Maaltaa

(Insarmuu, Muddee 2009)

## Seensa

Ummati biyya isaa irratti mirga abbaa biyyummaa sarbame, jiruufi jireenya birmdoo hinqabu. Biyya isaa irratti jiruufi jireenya birmadoo waan hinqabneef, immoo biyya itti nagaa argatu barbaaduuf biyya isaa dhiisee baha. Ummanni akkasii yeroo biyyaa bahu biyya ormaa keessattis kan isa eeggatu jireenyuma walfakkaatuudha. Mallattoon jireenya baqattummaa kan biyya ormaa gadadoo, dararamaa, fi salphina qixa hin qabnee dha. Ummanni Oromoos, har'a seenaa akkanaan beekama.

Ummanni Oromoo erga biyya abbaa isaanii keessatti mirga uumamaa mulqamanii kaasee jireenyi isaanii jireenya baqattummaa ta'ee jira. Seenaan jireenya baqattummaa ummata Oromoo erga Oromoon waanjoo garbummaa Habashaa jalatti kufee kaasee otuu walirraa hincitiin kan fulla'ee jiruudha. Har'a ummati Oromoo biyya isaa keessattis ta'ee biyya itti baqate keessatti jireenya baqattummaa dhandhamaa jira. Baqattoota Oromoo biyya abbaa isaanii irraa dhiibamanii, jireenya koolugaltummaan dararamaa jiran keessaa kanneen biyya Maaltaa keessatti jireenya gadadoo dabarsaa jiran yoo ilaalle godaannisa jireenya baqattummaa seenaa Oromoo keessatti mul'ataa jiruuf fakkeenya gaarii ta'a.

Oromootni biyya Maaltaa keessa koolu-galtummaan qubatanii jiran, haalli jiruu fi jireenya isaanii akkuma baqattoota kamuu suukkaneessaa dha. Jireenya isaanii jechi ittiin ibsuun danda'amu nama hanqata. Ogeessichi hogabarruu Oromoo, Obbo Boruu Barraaqaa, kitaaba asoosamaa mataa dureen isaa ***Mudaamuddii*** jedhu keessatti haala jireenya baqattoota Oromoo sirriitti mul'isee jira. Keessaayyuu, jireenya baqattoota Oromoo kan biyya Jabutii keessaa fi adeemsa dooniin galaana diimaa kutanii gara Yamaniitti ittin deeman, kan barreessichi dhimma baqattoota Oromoo fi Soomalee ittiin ibse, kan baqattoota Oromoo biyya Maaltaa keessa qubatanii jiran waliin wal fakkaata.

Barruun gabaabduu kun waan seenaa baqattummaa Oromoo ibsuuf hinjiru. Garuu, barruun kun haala baqattooti Oromoo biyya Maaltaa keessatti argaman keessaa haga tokko ibsuuf ni yaala. Oromoota biyya isaanii keessatti wabii jireenyaa dhabaniif biyyi dahannoo yeroo taate kun, Maaltaan eessatti akka argamtu illee barruun tun haga tokko beeksisuun duubattis, jireenyi baqattummaa Oromoota biyya Maaltaa kun maal akka fakkaatu mul'isuun ka'umsa barruu kanaa ti. Jireenya baqattummaa waanti ittiin ibsan akka salphaatti argamuu baatus, Gadadoon, jechuma baqattummaa ittiin ibsan ta'uu mala.

## Biyya Maaltaa

Biyyi Maaltaa galaana *Mediterranean* keessatti kan argamtu, oddoola, lafa marsaa bishaanii keessatti argamtuudha. *Republic of Maaltaan* lafa galaana keessa (island archipelago) shan irra kan ijaaramtee dha. Isaanis Gozo, Comino, St. Paul, Filfla fi Maaltaa dha. Taa'umsi lafa (strategic location) biyya kanaa Awuroppaa, Afrikaa fi baha giddu galeessaa gidduutti argamti. Kana waan ta'eef, mootummoota aangawaa addunyaa kanaa hawwachuun ishii hinoolle. Sababa kanaan, lafa xiqqoo kana qabachuuf seenaa addunyaa kanaa keessatti humnootiin ka'an martii utuu achi irratti walfalmii hin godhiin hafanii hin beekan. Biyyooti akka *Phoenicians*, Romans, *Arabs*, *Angelinos*, *Aragonite*, *Knights of Saint John*, weerara *Napoleon*, *British*, Nazi Jarmanii fi Fashist Italii seenaa biyya kanaa keessatti kannen

yaadatamanii dha. Maaltaan walabummaa ishee harkaa koloneeffattuu Biriitish irraa kan labsatte Fulbaana bara 1964 ture.






Akkuma mootummoonni aangawaa irratti wallolaa turanis xumura lola qabbanaawaaf bara 1989 keessa Pirezedaantiin USA George H.W Bush fi Kan Tokkummaa Sooviyeet Mikahel Gorbachov jalqabaaf kan qaamaan walarguun kan walii mallatteessan Maaltaatti ture. Maaltaan Walaabummaa ishee booda miseensa tokkummaa biyyoolessaa yeroo taatu kan isheen miseensa Tokkummaa Awuroppaa taate Caamsa 2004 yeroo tahuu maallaqa Eurootti Amajjii 2008 eegaltee fayyadamuu jalqabde. Waliigala heddummitni ummata Maaltaa miliyoona walakkaa yeroo tahu magaalaa ishee guddittiin Valettaa keessaa ummata 7200 ta'u jiraata. Bali'nni lafa Maaltaa sq.km 316 dha. Addunyaa irratti biyya "the third densely populated" taatee beekamtuudha. Ummatni biyya sanaa dhibba keessaa harki sagaltamii jahaa (96%) Catholic yeroo tahu, kan hafan Protestant fi Musleema. Maaltaan teessuma mana marii Awuroppaa keessatti nama shan, kan Gumii Awurooppaa keessaa immoo sadii qabdi.

## Baqattoota Oromoo Maaltaa

Har'a Oromoota lakkoobsaan sagaltamii shanii hangaa dhibbaa ta'antu biyya Maaltaa keessa jiru. Gaaffiin dura sammuu namaa keessatti uumamu, "Oromootni kunneen eessaan goranii biyya Maaltaa seenan?" ka jedhuu dha. Hedduun isaanii umuriidhaan dardaroota yeroo tahan Fincila Diddaa Gabrummaa barattootni Oromoo mirga Oromoof jecha yeroo adda- addaatti kaasaa turan keessatti gaaga'ama dhalateen kan biyya gadhiisanii dha. Kan isaan bahanis karaa Sudaan, gammoojjii Sahaaraa keessa kutuun biyya Liibiyaa erga galanii booda doonii gara biyyaa Ixaaliyaa geessuun ka'anii kan carraan bubbee galaana Mediteeraniyaan Maaltaatti isaan darbatee dha.



Mana Hidhaa Dunkaanaa (Detention center of Malta, tent village)

Oromootni gola Oromiyaa adda- addaa keessaa miidha'aa mootummaan abbaa irree irraan gahu jalaa lubbuu isaanii baafachuuf jecha karaa dhiha Oromiyaa biyya ollaatti bahuuf hiree argatantu har'a biyya Maaltaa keessatti argamu. Karaa dhihaas, bahaas, kaabaas tahee kibbaa karaan baqattummaa marti hadhooftuu fi dheertuu dha. Oromootni karaa dhihaa

daangaa Oromiyaa gadhiisanii biyya alagaa seenan marti jalqaba karaa Kurmuu ykn Giizan daangaa Sudaan seenu. Kurmuu fi Giizan irraa immoo Dabaaziin seenu. Dabaaziin irraa magaalaa guddittii Sudaan Kahrtoumiin seenu. Erga Kahrtoumiin seenan haalli hariiroo Itoophiyaa fi Sudaan guyyaa irraa gara guyyaatti tilmaamuu kan danda'u waan hin taaneef jecha biyya kana keessa turuun amansiisaa miti.. Kanaaf jecha Kahartoum irraa guyyaa 27 gammoojjii Sahaaraa keessa deemuun gara Liibiyaatti qaxxaamuru.

Deemsa kana keessatti jalqabuma irratti sakkataa TPLF gootuun sababa waraqaa eenyummaan qabamanii utuu daangaa Itoophiyaa keessaa hin bahiin qabamanii hidhaa, reebichaa fi dararama TPLF irran geessituun kan biyyatti balaarra bu'an yeroo tahu, daangaa Itoophiyaa fi Sudaan irraa hanga magaalaa Kahartoumiitti bultii 15 deemsa tahu keessatti dadhabuun kan dhibaman marsaa lammaffaa yeroo tahu marsaa sadaffaa magaalaa Sudaan keessatti of jiraachisuuf hujii hojjatan keessatti balaan hammana hin jedhamnetu irra ga'a. Kana jalaa baqa gammoojjii Sahaaraa keessa bultii 27 oliif erga deemamee booda namnii lubbuu dheerate biyya Liibiyaa gala.


Oromoota Alfaree lammaffaa keessa jiraatan

Daangaa Liibiyaa akka seenaniin naannoo Kufuraa (Kufuraa detention center) jedhamuutti mana hidhaa seenu. Mana hidhaa kana keessa qormaatni adda-addaa erga irratti tahee booda yeroo gadhiifaman magaala Banqazii galuun jiruu fi jireenyaaf bakka dalagaa argachuu danda'anitti gara magaalaa Tiriipoolii akkaataa itti seenan fala dhahachuun Tiriipolii seenu. Magaalli Tiriipoolii akkuma Khartoum amansiisa miti. Kanaafuu, gama tokkoon hojjetanii of jiraachissaa gama biraan maallaqa kuufachuun akkaataa gara Awuroppatti cehamu anjeeffachu tu eegalama.

Tiriiploolii irraa gara Maaltaatti ykn Xaaliyaaniitti guyyaa shanii hanga kudhanii doonii xixxiqqaan deemu. Deemsa kanafiis yoo xiqqaate doolara $3000 kan Tiriipooliitti hojjatamee kufatamee kafaluun hanga lakkoobsi nama walitti kuufame doonii tokko guutamuuttii mana dhoksaa tahee tokko keessatti dhalaa fi dhiirii walirraa ciisaa guyyaatti Daabboo tokko argachaa walaaka baatii hangaa baatii sadhii jiraachuun dirqama dha. Gafaa guyyaan xumuraa gahee Doonii koru/yaabbatuu, yeroo heedduu akka himaamuttii Dooniin humnaa ol wan itti fe'amuuf uttu bakka yaadamee hin gahiin galaana Miditeraniyaan keessatti dho'huun lubuu nama meeqa galaaffata. Waliigala kan carraa gaarii argate "Siciliy-Italy" kan carraa gaarii dhaabe Maltaa kan itti hammaatee Dooniin namani itti fe'amee humnaa ol itti taanaan bishaan galchee irbaata naachaa tahuu lakkobsaan heedduu tahuu ni himama. Kan carraan yeroo Maaltaatti siquu galaanaatti darbatamee harkaa daangaa eegdota biyya Maaltaa galeetu gara *Detention centre* Maaltaattii dhufee gala jecha dha.

## Haala Jireenya Baqattoota Oromoo Maaltaa

Oromooni dachee biyya abbaa isaanii gabbataa fi bal'aa gadhiisanii gidiraa meeqa booda har'a biyya Maaltaa gahan haala hedduu nama yaaddessu keessa jiru. Biyya Maaltaa irraa

akka hin deemneef dhimma baqattummaa isaanii “Commissioner for refugees” harkatti kuffisee jira. Akka Maaltaa keessa hin jiraanneef namni Maaltaa nama Afrikaa kan bifaan gurraachaa arguu hin fedhu. Akka biyyatti hin deebineef silaafuu du’a lubbuu bafachuu tu bakka kanaa isaan fide.

.



Jireenya Dunkaanaa (tent)

Furmaata abdii malee kan qabatamaa tahe tokko harkaa dhabuu kanatu yaaddoo guddaa tahe. Akka baqattooti kunneen birmannoo hawaasa Oromoo biyyaa alaa gafaatanis kan isaan godhe jireenyuam badaa kana. Jalqaba daangaa eegdotiin Maaltaa akka baqattoota Oromoo kana qabaniin hanga duubbeen isaanii qoratamutti jechuun waggaa tokkoo fi walakkaa (baatii 18) mana hidhaa (detention centre) Alfarree tokkoffaa ykn lammaffaa (free camp) turu. Bakki kun jireenyi isaa dunkaanaa (tent) tokko keessa namoota 25 ol ta’antu waliin jiraatu.

Dunkaanni kunis ciisichaaf, nyaataaf akkasumas nyaata keessatti hojjatachuuf kan dhimma itti bahamuu dha. Ganna diilalli, bona hoo’i nagaa nama hin kennu. Bakka kana irraa kan yeroo dheerina booda bakka Marsaa jedhamutti warri carraa gaarii argatan ergamu. Yeroo ammaa kanatti Oromoota baqattummaan jiran kanneen keessaa dhimmi himatnaa/hirkannoo isaanii kan fudhatama argatee jiru kan namoota lama qofaa dha.

## Xumura

Baqattummaan jireenya bifa kamiinuu hinhawwamneedha. Namuu yeroo jireenya baqattummaa keessa galu qaama isaa callaan miti, kan gadadootti seenu. Qaamaa-qalbiin nama sanaa cabee, ulfina namummaa isaa sarbameeti. Baqattummaan karaa maraan nama cabsa. Dhugaa kana kanneen argan sirriitti beeku. Har’a Oromoon biyya isaa keessattis jireenya gadadoo jiraata; jireenya bir’uu keessatti argama. Biyya itti dahate keessattis rakkoolee walxaxaa keessatti argama.

Seenaan baqattoota biyya Maaltaas waanuma Oromoon har’a keessa jiru mul’isa. Dhugaatti iyyannoon baqattoota Oromoo kunneen hedduu miti. Gama tokkoon, hawaasa Oromoo biyya ambaa irraa birmannoo lammummaa fedhan. Sababa kanaan dhaammannoon Oromoota biyya Maaltaa,“Maaloo nu dhaqqabaa! ” kan jedhuudha. Birmannoon kunis gama tokkoon “Sponsor” barbaaduu, gama biraan ammoo Waajjiraalee dhimmi ilaalutti iyyata barreessuun gargaarsa guddaa dha. Karaa biraa, furmaatni waliigalaa diina biyya keenya keessatti mirga jireenyaa nu sarbee qeyee irraa nu buqqisaa jiru hundee isaa irraa buqqisuuf tokkummaa fi muraannoon qabsaa’uudha.